

# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT



جبهة تحرير اورومو

Gaafa: 28-04- 2012 تاريخ  
Date:

Lakk.: 008/stm-abo/2012 رقم  
No.:

## Gaaffiin Mirgaa Hawaasni Musliimaa Gaafachaa Jiru Qaama Qabsoo Farra-Sirna Wayyaanummaa ti Ibsa Adda Bilisimmaa Oromoo

Hawaasni Musliimaa Ebla 20 bara 2012 guyyaa Jimaataa kumoota dhibbootaan bahee ‘mirgi amantii keenyaa haa kabajamu’ jechuun sirna abbaa irree Wayyaanee balaaleffachaa oole. Gaaffiin hawaasa Musliimaa kun gaaffii mirga amantii ti. Mootummaan Wayyaanee seera amantii Islaamaa kan hanga haráantanaatti hawaasichi hordofu dhiituudhaan barsiisa amantichaa haaraa *ál Ahabash* jedhamu kan yeroo dhihoo keessa nama Abdullaah al Habash jedhamuun naanneeffamaa jiru fudhattan malee jedhee humnaan tooftaa adda addan dirqisiisaa jira. Leelliftoota barsiisa haaraa *al Ahabash* jedhamu kanaa, kan lakkoofsaan bicuu tahan waan maraan yoo cinaa dhaabbatee jajjabeessu, hordoftoota amantii Islaamaa wayyaba kan mootummaan dhimma amantii keenyaa keessa seenuu hin qabdu jedhanii dura dhaabbatan ammoo diinomfachuudhaan doorisaa jira.

Mootummaan abbaa irree wayyaanee akkuma sabaa fi sablammoota keessaa warra hambaan bitaman jaarratee akka meeshaatti itti dhimma bahu hunda amantiilee ummanni hordofu adda addaa keessas harka naqachuuf jecha tooftaa wal fakkaataa fayyadama. Dabballoota sirna isaa deeggaran maqaa hayyummaa amantiitiin muudee karaa isaaniin amantiilee hunduma meeshaa siyaasaa isaa taasifachuuf akka hojjechaa jiru ifaa dha. Qaamni ‘*Gumii Dhimma Islaamummaa*’ (Majliisul Al’aalaa) jedhamus bifuma kanaan yeroo ammaantanaa jaarmaya amantii tahuu isaa hanga irraanfatuutti maxxannee sirna Wayyaanee tahuudhaan mirgoota amantichaa sharafee sharafsiisaa jira jechuun Musliimoonni Itoophiyaa keessaa kulkulfatanii dubbachaa jiru. Warri Majliisul Al’aala kana geggeessu warra hordoftoota amantichaan filame osoo hin taane dabballoota Wayyaaneen muude waan taheef sagalee keenyaan kan nuuf tahu filachuu barbaanna jechaa jiru.

Yeroo ammaantanaa hordoftoonni amantii Islaamaa kan gochaa farra mirga amantii sirnichi raawátu balaaleffatan maqaan adda addaa itti moggaafamee akka hiraarfamaa jiran gabaasaaleen ni ibsu. Kanneen sabummaadhaan Oromoo tahan ABO jedhamanii doorsifamaa fi hidhaatti guuramaa jiru. Kanneen biroonis akka dhiiga sabummaa isaaniitti maqaan dhaaba siyaasaa itti maxxanfamee hiraarfamaa jiru. Warri duubbeen sabummaa isaani hin baramin ammoo maqaan ‘al Qaydaa’ jedhamu kennameefii akka goolessitummaan laalaman taasifamaa jira. Sirni Wayyaanee mirgi amantiilee akka Islaamaa kan sirna dabre keessatti garmalee dhiitamaa ture amma sirna keenya keessatti kabajameera, walqixxummaan amantiilee hundumaa mirkanaayee jira jechuun of hima. Heera isaa waraqaa duwwaa irratti hafe san keessattis ‘Mootummaan dhimma amantii keessa hin seentu; amantiinis dhimma mootummaa keessa hin seentu’ jechuudhaan maqaaf barreeffatee jira. Haa tahu malee sirnichi imaammata qoqqoodanii bituu hordofa ijaa taheef, waan heera mootummaa isaa irratti barreeffate dalagaa irra oolchuu hin dandeenye. Gochaan yeroo ammaantanaa itti bobbaée jirus dhimma amantii keessa bal’inaan harka naqatee hordoftoota amantiilee adda addaa gidduutti qofa osoo hin taane warruma amantii tokkicha waliin hordofu gidduuttuu ibidda qabsiisuu tahee jira. Addatti ajjeechaan gidduu kana amantootaa Islmaa Oromoota tahan Arsii keessatti irratti fudhatame sukanneessaa fi abida qabsiisaa dha.

Mootummaan gaafatamni mootumummaa itti hin dhagahamne kun hordofoota amantiilee Islaamaa fi Kiristiyaanaa gidduutti taé jedhee yeroo adda addaatti walitti buúinsa dhalchuudhaan lubbuun namoota baayée fi qabeenyi horii guddaatti shallagamu akka badu taasisuun isaa hin dagatamu. Amantii Kiristiyaanaa keessatti garaagarummaa Waldaalee gidduu jiru akka kaayyoo siyaasaa isaaf aanjutti wal irraa qoollifachiisuudhaan hordofoota amantichaa wal gaarreffachiisuu irraa of qusatee hin beeku. Waldaalee kana keessaa bakka lammiileen Oromoo itti baayátaniin ‘kun Waldaa ABO ti’ jechuun doorsisa, itti duula, warra kaan irratti kakaasa. Hordofoonni amantii Waaqeffannaa ammoo guutummaatti Oromoo waanuma tahan qofaaf yeroo hundumaa ABO jedhamanii doorsifamuu fi mirga amantiin tokko qabaachuu malte waakkatamuun hiree isaanii akka tahe hundaafuu ifaa dha. Kun hundi kan agarsiisu egaa, Wayyaaneen mootummaa ummatoota nan bulcha jedhuuf kabajaa homaatuun hin qabnee fi yeroo hundumaa haala adda addaa keessatti wal dhabbii uumee umrii aangoo isaa qofa dheereffachuu barbaadu tahuu isaa ti.

Addi Bilisummaa Oromoo gochaa mootummaan Wayyaanee dhimma amantii kamuu keessa harka naqatee hordofoota qoqqoodee wal dura dhaabuu yaaluu fi dhiittaa mirga amantii raawátu jabeessee balaaleffata. Addi Bilisummaa Oromoo dhaaba siyaasaa amantiilee hundumaa ija tokkoon laaluu fi tokkoof looganii tokko moggeessuutti hin amanne waan taheef yeroo mirgi amantii tokkoo mootummaa biyyan bulcha ofiin jedhuun dhiitamu callisee dhaggeeffachuu hin dandaú. Sabnis tahee hawaasni amantii kamiyyuu mirga sabummaa yookiis mirga amantii isaa kabajsiifachuuf qabsoon taasisu qabsoo mirgaa ti. Itoophiyaa keessatti qabsoon sirna abbaa irree Mallas Zeenaawii irratti geggeeffamaa jirus bifa kana faá qaba. Gaaffiin mirgaa hawaasni Musliimaa balinaan dhageessisaa jirus fakkeeniyuma kanaa ti waan taheef qaamuma qabsoo farra sirna Wayyaanee ti jennee amanna.

Amantiin kamuu akeeka siyaasaa kamiifuu dhimma bahamuu hin qabu; akkaumas siyaasaan kamuu amntii meeshaa godhachuu hin qabu akkuma jennuu mootummaan kamuu heera isaatti garmalee dhimma bahee amntii kamuu cunqursuun jiraatuu hin qabu jedha ABO. Waan taheefis, mootummaan Wayyaanee TPLF yeroo ammaantanaa dhimma amantii Islaamaa keessa harka naqachuudhaan mirga hordofoota amantichaa sarbee dirqiin akka sirna isaa waaqeffatan tolchuuf yaalii jalqabee jiru akka hatattamaan dhaabu Addi Bilisummaa Oromoo waamicha dabarsa. Sirni Mallas Zeenaawii tarkaanfii hammeenya kana dhaabuu baannaan balaa boru dhimma amantiitiin wal qabatee biyyattii san keessatti babaláchuu deemuuf kan dhunfaadhaan itti gaafatamu sirnuma Wayyaanee mataa isaa tahuu gad jabeessinee yaadachiisuu feena.

Gadaan Gadaa Bilisummaa ti!  
Injifannoo Ummata Oromoof!  
Adda Bilisummaa Oromoo  
Ebla 27, bara 2012